



Waggaa 14^{aa} Lak. 8/1998
 ፲፱ኛ ዓመት ቁጥር ፮/፲፱፻፺፰
 14th year No. 8/2005

Finfinnee, 11th day of July, 2006
 ፊንፊን ቀን ፱ ቀን ፲፱፻፺፰ ዓ.ም
 Finfinnee, 11th day of July, 2006

MAGALATA OROMIYAA

መ ገ ለ ተ ኦ ሮ ሚ ያ

MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokko የገዳ ዋጋ Unit Price	To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ	Lak. S. Poostaa 21383-1000 የፖ.ሣ.ቁጥር P.O.Box
--	---	---

QABEENTAA
 Labsii Lak. 113/1998
 Labsii Dhaabbata Sab-qunamtii Oromiyaa
 Hundeesuuf Bahe Fuula I

አዋጅ ቁጥር ፩፻፲፫/፲፱፻፺፰
 የኦሮሚያ መገናኛ ብዙሃን ድርጅትን ለማቋቋም የወጣ
 አዋጅ ገጽ ፩

CONTENT
 Proclamation No. 113 Of 2006
 Establishment Proclamation of Oromia Mass-
 Media Organization Page 1

Labsii Lak. 113/1998
 Labsii Dhaabbata Sab-qunamtii
 Oromiyaa Hundeesuuf Bahe

አዋጅ ቁጥር ፩፻፲፫/፲፱፻፺፰
 የኦሮሚያ መገናኛ ብዙሃን ድርጅትን
 ለማቋቋም የወጣ አዋጅ

Proclamation No. 113 Of 2006
 Establishment Proclamation of Oromia
 Mass-Media Organization

Sab-qunnamtiin ummataa dinagdee, siyaasaafi hawaasummaa naannoo keessaatti ga'een qabaniifi bu'aan buusan murteessaa waan ta'eef;

Seera qabeessa ta'anii tajaajila kennan babal'isuu akka danda'an taasisuun waan barbaachiseef;

Odeeffannoo si'oomina qabu addunyaafi biyyoolessa irraa walitti qabaman uummataafi qaama Mootummaaf ballinaan tamsaasuun waan barbaachiseef;

Qaama Sab-qunnamtii uummataa cimaa ta'ee hojimaata ifaafi bilisummaa mataasaa qabaate hundeesuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Fooyya'aa Mootummaa Naannoo Oromiyaa keewwata 49(3) (a) tiin kan kanatti aanu labsameera.

የመገናኛ ብዙሃን በክልሉ ኢኮኖሚያዊ፣ ፖለቲካዊና ማኅበራዊ ጉዳዮች ውስጥ ያለው ድርሻና አስተዋፅኦ ወሳኝ በመሆኑ፣

ሕጋዊ ሆነው የሚሰጡትን አገልግሎት እንዲያስፋፉ ማስቻል አስፈላጊ በመሆኑ፣

በዓለም አቀፍና በብሔራዊ ደረጃ የሚሰበሰቡትን ፈጣን መረጃዎች ለሕብረተሰቡና ለመንግሥት አካላት በስፋት ማሰራጨት አስፈላጊ በመሆኑ፣

ጠካኝ፣ ግልጽ የሆነ የራሱ አሰራርና ነፃነት ያለው መገናኛ ብዙሃን መመስረት አስፈላጊ በመሆኑ፣

ተሻሽሎ በወጣው የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ሕገ መንግሥት አንቀጽ ፵፱(፫)(ሀ) መሠረት ከዚህ የሚከተለው ታውጧል፡፡

Whereas, the role and contribution of the mass-media in the economic, political and social affairs of the Region is decisive;

Whereas, it has become necessary to enable the mass-media expand their services through fulfilling legal requirement;

Whereas, it has become essential to widely disseminate the currently gathered international and local information to the public and the government bodies;

Whereas, it has been found necessary to establish a strong, transparent, and Mass-media which has its own working system;

Now, therefore, the following has been proclaimed in accordance with the Revised Constitution of Oromia National Regional State Article 49(3) (a).

Kutaa Tokko
Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Labsiin kun “Labsii Dhaabbata Sab-Qunnamtii Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahee Lak.113/1998” jedhamee waamamuu ni danda’a.

2. Hiikaa

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta’e malee Labsii kana keessatti:

- 1) “Caffee” jechuun bu’uura Heera Fooyya’aa Mootummaa Naannichaa keewwata 46/1/n kan hundeeffame qaama ol’anaa seera tumaa Naannichaati.
- 2) “Mootummaa” jechuun Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
- 3) “Nannoo” jechuun Naannoo Oromiyaa jechuudha.
- 4) “Dhaabbata” jechuun Labsii kanaan kan hundaa’e Dhaabbata Sab-qunnamtii Naannoo Oromiyaati.
- 5) “Boordii” jechuun akkaataa Labsii kanaatiin kan hundeeffame, Qaama Ol’anaa Dhaabbata Sab-qunnamtii Naannichaa bulchuudha.
- 6) “Sab-Qunnamtii” jechuun Raadiyoo, Televiziyiniin, akkasumas gaazexootaa fi barruuleedhaan odeeffannoo qopheessee kan tamsaasuufi kan walitti qabu, oduuwwaniifi sagantaalee garaagaraa qindeessuun tooftaa adda addaatiin ummataaf kan tamsaasu ykn dhaabbilee tamsaasaniifi kan raabsuudha.
- 7) “Gaazexeessaa” jechuun qopheessaa, agabaasaa, gulaalaa, qopheessaa kaartuunii, ogeessa giraafiksii, ogeessa suuraa, ogeessa fiilmii socho’uu, gulaalaa fiilmii, daayirektara fiilmii, teeknishaana ykn oduufi odeeffaannoo sassaabuun, qindeessuu fi tamsaasuu irratti nama bobba’e kamiyyuu jechuudha.

3. Hundeeffama

Dhaabbata Sab-qunnamtii Naannoo Oromiyaa kana booda “Dhaabbata” jedhamee kan waamamu qaama seerummaa kan qabuufi mataasaa danda’e Labsii kanaan hundeeffameera.

ክፍል አንድ
ጠቅላላ ድንጋጌዎች

፩. አጭር ርዕስ

ይህ አዋጅ «የኦሮሚያ ክልል የመገናኛ ብዙሃን ድርጅትን ለማቋቋም የወጣ አዋጅ ቁጥር ፩፻፲፫/፲፱፻፺፰ ዓ.ም» ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።

፪. ትርጓሜ

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም ካላሰጠው በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፡-

- ፩) «ጨፌ» ማለት ተሻሽሎ በወጣው የክልሉ መንግሥት ሕገ መንግሥት አንቀጽ ፵፮(፩) መሠረት የተቋቋመ የክልሉ የበላይ ሕግ አውጪ አካል ነው።
- ፪) «መንግሥት» ማለት የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት መስተዳድር ማለት ነው።
- ፫) «ክልል» ማለት የኦሮሚያ ክልል ማለት ነው።
- ፬) «ድርጅት» ማለት በዚህ አዋጅ የተቋቋመ የኦሮሚያ ክልል መገናኛ ብዙሃን ነው።
- ፭) «በርድ» ማለት በዚህ አዋጅ መሠረት የተቋቋመ የክልሉን መገናኛ ብዙሃን ድርጅት የሚያስተዳድር የበላይ አካል ነው።
- ፮) «መገናኛ ብዙሃን» ማለት በሬዲዮ፣ በቴሌቪዥን እንዲሁም በጋዜጠኞች በመጽሔቶች መረጃዎችን አዘጋጅቶ የሚያሰራጭና የሚያሰባስብ፣ ዜናዎችንና ልዩ ልዩ ፕሮግራሞችን በማቀናበር በልዩ ልዩ ዘዴዎች ለሕብረተሰቡ የሚያሰራጭ ወይም ለሚያሰራጩ ድርጅቶች የሚያከፋፍል ነው።
- ፯) «ጋዜጠኛ» ማለት አዘጋጅ፣ ሪፖርተር፣ አርታኪ፣ የካርቱን አዘጋጅ፣ የግራፊክስ ባለሙያ፣ የፎቶግራፍ ባለሙያ፣ የተንቀሳቃሽ ፊልም ባለሙያ፣ የፊልም አርታኪ (ኤ.ዲ.ተር)፣ የፊልም ዳይሬክተር፣ ቴክኒሻን ወይም ዜናዎችንና መረጃዎችን በማሰባሰብ፣ በማቀናበርና በማሰራጨት ሥራ ላይ የተሰማራ ማንኛውም ሰው ማለት ነው።

፫. መቋቋም

ከዚህ በኋላ «ድርጅት» ተብሎ የሚጠራው የኦሮሚያ ክልል መገናኛ ብዙሃን ድርጅት ሕጋዊ ሰውነት ያለው ሆኖ ራሱን ችሎ በዚህ አዋጅ ተቋቋሟል።

Part One
General Provisions

1. Short Title

This proclamation may be cited as “Oromia Mass-Media Organization Establishment Proclamation No. 113 of 2006.”

2. Definition

Unless the meaning of the word contextually differs, in this proclamation:

- 1) “Caffee” means a higher legislative body of the region established in accordance with the Revised Constitution of the National Regional State Article 46(1).
- 2) “Government” means the Administration of Oromia National Regional State.
- 3) “Region” means the Oromia Region.
- 4) “Organization” means the Oromia Region mass-media organization established by this proclamation.
- 5) “Board” means a higher organ established by this proclamation that administers mass-media organization of the Region.
- 6) “Mass-Media” means the media that organizes and disseminates information on the radio, television as well as newspapers and magazines and collects, organizes news and various programs and disseminates through different means or provides to organizations that disseminate.
- 7) “Journalist” means person who produces, reports, edits programs, cartoonist, graphical professional, photographer, film man, film editor, film director, technician or any person who collects news and information and organizes and disseminates the same.

3. Establishment

The Oromia Region Mass-media organization hereafter called “Organization” has been established by this proclamation as an independent legal entity.

4. Ittiwaamama

Dhaabbatichi ittiwaamamni isaa Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif ta'a.

5. Teessoo Dhaabbatichaa

- 1) Teessoon waajjira Olaanaa Dhaabbatichaa teessoo Mootummaa Naannoo Oromiyaa Finfinnee ta'a.
- 2) Dhaabbatichi akkaataa barbaachisaa ta'een Naannoo Oromiyaafi Naannoo Oromiyaan alattis waliigalteen dameewwan qabaachuu ni danda'a.

6. Kaayyoo Dhaabbatichaa

Dhaabbatichi kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata.

- 1) Heera Mootummaa Federaalaafi Naannoo Oromiyaa, akkasumas imaammattootaafi seerota biroo irratti hunda'uudhaan uummatichi yaada ofii bilisummaan akka ibsu jajjabeessuu;
- 2) Uummanni Naannoo Oromiyaa odeeffannoo sirriifi wayitaawaa, gahaafi qulqullina qabu dhiyeenyaan akka argatu haala mijataa uumuu;
- 3) Dhimmoota gurguddaa biyyoolessaa fi kan Naannoo irratti waliigalteen biyyoolessummaa akka uumamuuf hojjechuu;
- 4) Sochiilee dinagdee, siyaasaafi hawaasummaa keessatti aadaan dimokiraasii akka dagaagu jajjabeessuu;
- 5) Aadaa, seenaafi afaan Oromoo guddisuuf ni hojjeta.

Kutaa Lama

Gurmaa'ina, Anagoo fi Hojii Dhaabbatichaa

7. Gurmaa'ina Dhaabbatichaa

- 1) Dhaabbatichi Gurmaa'ina armaan gadii ni qabaata.
 - (a) Boordii,
 - (b) Hojii geggeessa Olaanaa,
 - (c) I/A/Hojii geggeessaa,
 - (d) Hojjettoota biroo hojiif barbaachisan.
- 2) Dhaabbatichi hojii isaa hojjechuuf jalatti Dameewwan Raadiyoo, Televizyini, maxxansaafi Tajaajila Oduu ni qabaata.

፬. ተጠሪነት

የድርጅቱ ተጠሪነት ለኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ጨፌ ይሆናል።

፭. የድርጅቱ አድራሻ

- ፩) የድርጅቱ ዋና ጽ/ቤት አድራሻ በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት አድራሻ በሆነው በፊንፊን ይሆናል።
- ፪) ድርጅቱ እንደየአስፈላጊነቱ በኦሮሚያ ክልልና ከኦሮሚያ ክልል ውጪ በስምምነት ቅርንጫፎች ሊኖሩት ይችላል።

፮. የድርጅቱ ስላማ

ድርጅቱ ከዚህ የሚከተሉት ዓላማዎች ይኖሩታል።

- ፩) በፌዴራል መንግሥትና በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልል ሕገ መንግሥት፣ እንደዚሁም በሌሎች ፖሊሲዎችና ሕጎች ላይ በመመስረት ሕዝቡ የራሱን ሃሳብ በነፃነት እንዲገልፅ ማበረታታት፣
- ፪) የኦሮሚያ ክልል ሕዝብ ትክክለኛና ወቅታዊ፣ በቂና ጥራት ያለው መረጃን በቅርበት እንዲያገኝ ምቹ ሁኔታን መፍጠር፣
- ፫) በአገራዊ እና ክልላዊ ዐበይት ጉዳዮች ላይ አገራዊ መግባባት እንዲፈጠር መስራት፣
- ፬) በኢኮኖሚያዊ፣ ፖለቲካዊና ማኅበራዊ እንቅስቃሴዎች ውስጥ የዲሞክራሲ ባህል እንዲጎለብት ማበረታታት፣
- ፭) የኦሮሚያ ባህል፣ ታሪክና ቋንቋ ለማላደግ ይሰራል።

ክፍል ሁለት

የድርጅቱ አወቃቀር፣ ስልጣንና ተግባር

፯. የድርጅቱ አደረጃጀት

- ፩) ድርጅቱ ከዚህ የሚከተለው አወቃቀር ይኖሩታል።
 - (ሀ) ቦርድ
 - (ለ) ዋና ሥራ አስኪያጅ
 - (ሐ) ምክትል ሥራ አስኪያጅ
 - (መ) ለሥራው የሚያስፈልጉ ሌሎች ሰራተኞች።
- ፪) ድርጅቱ ሥራውን ለማከናወን በሥራ የፊደላት፣ የቴሌቪዥን፣ የሕትመትና የዜና አገልግሎት ዘርፎች ይኖሩታል።

4. Accountability

The organization shall be accountable to the 'Caffee' of Oromia National Regional State.

5. Address of the Organization

- 1) The headquarters of the organization is at Fininne, the seat of the National Regional State of Oromia.
- 2) The organization may acquire branches within or outside Oromia based on an agreement.

6. Objectives of the Organization

The organization shall have the following objectives:

- 1) Encouraging the people to freely express their opinion based on Constitution of the Federal Government and that of Oromia Region as well as other laws and policies.
- 2) Create a conducive condition for the people of Oromia Region to get correct, objective, adequate and quality information timely;
- 3) Work towards the creation of national consensus on major national and regional issues;
- 4) Encouraging towards developing a democratic culture in economic, political and cultural activities; and
- 5) Works towards promotion of Oromo culture, history and language.

Part Two

Structure, Power and Duties of the Organization

7. Structure of the Organization

- 1) The organization shall have the following structure:
 - (a) Board,
 - (b) General Manager,
 - (c) Deputy General Manager, and
 - (d) Other staff required for the work.
- 2) The organization shall have Radio, Television, Publication and News Service sectors to perform its duties.

8. Aangoofi Hojii Dhaabbatichaa

Dhaabbatichi aangoofi hojii armaan gadii ni qabaata.

- 1) Uummata Naannichaaf faayidaa kan qaban oduufi odeeffannoowwan maxxansa adda addaatiin raadiyoofi Televizyiniitiin ni tamsaasa.
- 2) Kallattii imaammataa, tarsii moofi seerota Mootummaan baase uummataaf ni beeksisa.
- 3) Ummatichi yaada akka waljijjiiru, akka mari'atuufi yaada isaa akka kennu, waliigaltee biyyoolessaa irra ga'uuf waltajjii sab-qunnamtii mijataa ni uuma.
- 4) Uummanni Naannichaa waa'ee mirga namoomaafi dimokiraasii irratti hubannoo isaa gabbisuuf kan gargaaran qophiilee adda addaa muuxannoowwan isaa wajjin walsimsiisee ni dhiyeessa.
- 5) Yaadaafi odeeffannoowwan biliisaa uummata irraa fudhatee ni keessumsiisa; qaamolee dhimmichi ilaalu gaafachuun ni qulqulleessa; bu'aa isaas deebisee uummataaf ni ibsa.
- 6) Beekumsa uummataa kan gabbisan, fedhii bashannanuu isaa kan fiixaan baasan qophiileefi barreeffamoota adda addaa, kan raadiyoos ta'ee kan televizyini hojjetee tooftaa garaagaraatiin ni tamsaasa.
- 7) Dhimmoota dinagdee, siyaasaafi hawaasummaa wayitaawaa hordofee ni gabaasa.
- 8) Suuraafi fakkii dokumenteeshinii socho'aa, tajaajila maxxansaafi beeksisaa ni kenna.
- 9) Hojichaaf barbaachisaa kan ta'an tajaajila maxxansaa, sagantaalee raadiyoofi televizyini kan qindeessuufi tamsaasu, oduufi odeeffannoo kan dabarsu, akkasumas tajaajiloota kanneen barbaachisaniif kan oolan dhaabbataafi meeshaalee bakka barbaachisutti ni dhaaba; ni hundeessa; ni gurmeessa; ni bulcha; ni to'ata.

፩. የድርጅቱ ሥልጣንና ተግባር

ድርጅቱ ከዚህ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባራት ይኖሩታል።

- ፩) ለክልሉ ሕዝብ ጠቀሜታ ያላቸውን ዜናዎችና መረጃዎች በልዩ ልዩ የሕትመት ሥራዎች በሬድዮና ቴሌቭዥን ያሰራጫል።
- ፪) መንግሥት ያወጣቸውን የፖሊሲ፣ ስትራቴጂ፣ አቅጣጫና ሕጎችን ለሕዝቡ ያሳውቃል።
- ፫) ሕዝቡ ሃሳብ እንዲለዋወጥ፣ እንዲወያይና ሃሳቡን እንዲሰጥ፣ ብሔራዊ መግባባት ላይ እንዲደርስ አመቺ የመገናኛ ብዙኃን መድረክ ይፈጥራል።
- ፬) የክልሉ ሕዝብ በሰብአዊና በዲሞክራሲ መብቶች ላይ ያለውን ግንዛቤ ለማዳበር የሚያግዙ ልዩ ልዩ ዝግጅቶችን ከራሱ ልምድ ጋር በማገናዘብ ያቀርባል።
- ፭) ነፃ አስተያየትና መረጃዎችን ከሕዝቡ ተቀብሎ ያስተናግዳል፤ ጉዳዩ የሚመለከታቸውን አካላት በመጠየቅ ያጠራል፤ ውጤቱንም መልሶ ለሕዝቡ ይገልጻል።
- ፮) የሕዝቡን ግንዛቤ የሚያዳብሩ፣ የመዝናኛ ፍላጎቱን የሚያሟሉ ልዩ ልዩ ዝግጅቶችንና ጽሑፎችን አዘጋጅቶ በሬድዮ እና በቴሌቭዥን በተለያዩ ዘዴዎች ያሰራጫል።
- ፯) ወቅታዊ የሆኑ ኢኮኖሚያዊ፣ ፖለቲካዊና ማኅበራዊ ጉዳዮችን ተከታትሎ ይዘግባል።
- ፰) የፎቶግራፍና የተንቀሳቃሽ ምስሎች፣ የዶክመንቲሽን፣ የሕትመትና የማስታወቂያ አገልግሎት ይሰጣል።
- ፱) ለሥራው አስፈላጊ የሆኑ የህትመት አገልግሎት፣ የሬድዮና የቴሌቭዥን ፕሮግራሞችን ለማቀናበር፣ ለማስራጨት፣ ዜናና መረጃዎችን ለማስተላለፍ፣ እንዲሁም አስፈላጊ ሰህ- አገልግሎቶች የሚውሉ ድርጅትና መሣሪያዎችን አስፈላጊ በሆኑ ቦታዎች ይተክላል፣ ያቋቁማል፣ ያደራጃል፣ ያስተዳድራል፣ ይቆጣጠራል።

8. Power and Duties of the Organization

The organization shall have the following power and duties:

- 1) Shall disseminate valuable news and information through various publications, radio and television to the people of the Region.
- 2) Publicizes the policy, strategy directions and laws issued by the government to the public.
- 3) Creates conducive mass-media forum to enable the people to exchange views, discuss and give opinion to reach a national consensus.
- 4) Presents various programs to help strengthening the understanding of the People of the Region on human and democratic rights based on its own experience.
- 5) Receives and entertains free opinions and information from the people and clears doubts by consulting those concerned; recomunicates the outcome to the public.
- 6) Produces various programs and publications over the radio and television that enhances knowledge of the public, meet their interest for recreation and also disseminates through different means.
- 7) Follows up and reports current economic, political and social issues.
- 8) Provide photograph, documentation of moving pictures, publication and advertisement services.
- 9) Establish, organize, administer and control organization and materials that organizes publication service and disseminates radio and television programs, dispatches news and information as well as provides required services for the organization.

- 10) Tajaajila kennuuf kaffaltii walgitu ni kaffalachiisa; akka barbaachisummaa isaattis walakkeessaan ykn guutummaan guutuutti kaffaltii malee tajaajila kennuu ni danda'a.
- 11) Seera irratti hundaa'uudhaan dhaabbilee biyya keessaafi alaa wajjin odeeffannoowwan, oduuwwan, leenjiiifi muuxanoo waljijjiiruuf kan gargaaru qunnamtii hojii ni uuma.
- 12) Dhaabbilee biyya keessaafi ala jiraniifi ogummaa teeknikaa dhaabbatichaa gabbisuuf gargaarsa gochuuf fedhii kan qaban wajjin imaammataafi seerota naannoofi kan biyyaa irratti hundaa'uudhaan waliin ni hojjeta.
- 13) Dhaabbatichi sub-quunnamtii Naannichaa haala itti babal'achuu danda'uufi teknoloojii fooyya'aa itti gurmaa'u tajaajila ga'umsaafi qulqullina qabu haala itti kennuu danda'u qoratee yaada ni dhiyeessa; yoo eeyyamames hojiirra ni oolcha.
- 14) Kaayyoo isaa galmaan ga'uuf kan barbaachisan hojiiwwan biroos ni raawwta.

Kutaa Sadii

Waa'ee Boordii

Hojii Gaggeessaa Ol'aanaa

9. Hundeeffama Boordii

- 1) Boordii qaama ol'aanaa dhaabbata sub-qunnamtii Naannichaa bulchu ta'e hundaa'era.
- 2) Itti waamamni isaas Caffeedhaaf ta'a.

10. Waa'ee Itti waamamaafi Muudama Miseensota Boordii

- 1) Dhaabbatichi miseensota boordii sagal kan hin caalleen gaggeeffama.
- 2) Walitti qabaaniifi miseensonni Boordii Qaamolee Mootummaafi kutaalee hawaasaa keessaa kan filataman ta'ee Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatin Caffeetti dhiyaatanii ni muudamu.
- 3) Hojii gaggeessaan ol'aanaa dhaabbatichaas Pirezidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatin ni muudama.

፲) ለሚሰጠው አገልግሎት ተመጣጣኝ የሆነ ክፍያ ያስከፍላል፤ እንደየአስፈላጊነቱም በከፊል ወይም ሙሉ በሙሉ ያለ ክፍያ አገልግሎት ለመስጠት ይችላል።

፲፩) በሕጉ ላይ በመመስረት ከአገር ውስጥና ከውጪ ድርጅቶች ጋር መረጃዎችን፣ ዜናዎችን፣ ስልጠናና የልምድ ልውውጥ የሚያስገኝ የሥራ ግንኙነት ይፈጥራል።

፲፪) የድርጅቱን የሙያዊና ቴክኒካዊ ብቃት ለማዳበር እገዛ ለማድረግ ፍቃደኝነቱ ካላቸው በአገር ውስጥና በውጭ ከሚገኙ ድርጅቶች ጋር በክልሉና በአገሪቱ ፖሊሲና ሕጎች ላይ በመመስረት አብሮ ይሰራል።

፲፫) ድርጅቱ የክልሉ መገናኛ ብዙኃን ሊስፋፋ የሚችልበትን፣ በተሻለ ቴክኖሎጂ ተደራጅቶ አገልግሎቱን ብቃትና ጥራት ባለው መልኩ ሊሰጥ የሚችልበትን ሁኔታ አጥንቶ ሃሳብ ያቀርባል፤ ሲፈቀድም ተግባራዊ ያደርጋል።

፲፬) አላማውን ከግብ ለማድረስ የሚያስፈልጉትን ሌሎች ተግባራትንም ይፈጽማል።

ክፍል ሦስት

ስለ ቦርዱና ዋና ሥራ አስኪያጅ

፩. የቦርድ አመሠራረት

፩) ቦርዱ የክልሉን የመገናኛ ብዙኃን ድርጅት የሚያስተዳድር የበላይ አካል ሆኖ ተቋቁሟል።

፪) ተጠሪነቱ ለጨፌ ይሆናል።

፲. ስለ ቦርድ አባላት ሹመትና ተጠሪነት

፩) ድርጅቱ ከዘጠኝ በማይበልጡ የቦርድ አባላት ይመራል።

፪) የቦርዱ ሰብሳቢና አባላት ከመንግሥታዊ አካላትና የሕብረተሰብ ክፍሎች የሚመረጡ ሆነው በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዝዳንት አማካኝነት ለጨፌ ቀርበው ይሾማሉ።

፫) የድርጅቱ ዋና ሥራ አስኪያጅ በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዝዳንት ይሾማል።

10) Charges fair payment for the service it provides; it may as deemed necessary charge half of price or provide service fully free.

11) Establish working relationship with domestic and overseas organizations on exchange of information, news, training and experience sharing based on existing rules and regulations.

12) Work jointly with domestic and overseas organizations that are willing to assist the organization in promoting its technical capacity based on the policy and laws of the region and the country.

13) The organization studies and presents proposal how the mass-media of the region expand, organize with the use of modern technology and provide efficient and quality service; implements when approved.

14) Performs other activities required to fulfill its objectives.

Part Three

The Board and the General Manager

9. Establishment of the Board

- 1) The Board has been established as a higher organ that administers the mass-media organization of the Region.
- 2) It shall be accountable to the 'Caffee'.

10. Accountability and Appointment of Board Members

- 1) The organization shall be managed by members not more than nine.
- 2) The chairperson and Board Members shall be nominated from government organs and social sectors and presented to the 'Caffee' by the President for appointment.
- 3) The General Manager of the Organization shall be appointed by the president of Oromia National Regional State.

4) Hoji Gaggeessaan Ol'aanaa Dhaabbatichaa miseensaafi barreessaa Boordichaa ta'ee ni hojjeta.

1. Angoofi Hojii Boordii

Boordichi aangoofi hojii kanatti aanu ni qabaata.

- 1) Dhaabbatichi meeshaalee sab-qunnamtii kan ilaalu imaammatoota, seerota, danbootaafi qajeelfamoota keessatti hojiiirra oolchuu isaa ni mirkaneessa.
- 2) Imaammataafi seerota Mootummaan baaseefi uummaticha biratti beekamuu qaban meeshaalee sab-qunnamtii Dhaabbatichaan yeroodhaan darbuu isaanii ni hordofa.
- 3) Uummanni Tajaajila Dhaabbatichi kennu irraa hammam fayyadamaa akka ta'e ni gamaaggama; haala caalmaan tajaajilamaa itti ta'uus sakatta'uudhaan hojii irra oolmaa isaatiif qajeelfamoota ni kenna; kallattiilee barbaachisanis ni kaa'a.
- 4) Dhaabbatichi Labsii kana irratti hundaa'uudhaan hojiiwwan raawwatu ilaalchisee komii uummata irraa dhiyaataniif ibsi barbaachisaa ta'e akka kennamu ni taasisa; akka barbaachisummaa isaattis komii dhiyaatan qoratee murtii gama isaatin ni kenna.
- 5) Dhaabbatichi sabaafi sab-lammoota, saala, amantaafi ilaalcha siyaasaa gidduutti garaagartummaa utuu hin uumin lammiilee hundaaf odeeffannoo madaalawaa ta'e kennuu isaa ni to'ata.
- 6) Qabiyyee waliigalaa oduuwwan, sagantaalee, barreeffamootaafi gabaasota biroo Meeshaalee sab-qunnamtii Naannichaa ni gamaaggama; haala fooyya'iinsa isaanii irratti qajeelfama ni kenna.
- 7) Qacarrii, sadarkaa miindaafi faayidaa gaazexessitoota, ogeessota teeknikaafi hojjetoota deeggarsaa dhaabbatichaa ilaalchisee ni murteessa; raawwannaa fi maanuwaaliin bulchiinsa hojjetootaa qophaa'e ni mirkaneessa; hojii irra akka oolus ni taasisa.

፱) ድርጅቱ ዋና ሥራ አስኪያጅ የቦርዱ አባልና ፀሐፊ ሆኖ ይሰራል።

፲፩. የቦርዱ ስልጣንና ተግባር

ቦርዱ ከዚህ የሚከተሉት ስልጣንና ተግባራት ይኖሩታል፡

- ፩) ድርጅቱ የመገናኛ ብዙሃንን በሚመለከቱ ፖሊሲዎች፣ ሕጎች፣ ደንቦችና መመሪያዎች መሠረት መተግበሩን ያረጋግጣል።
- ፪) መንግሥት ያወጣቸው እና በሕዝቡ ዘንድ መታወቅ ያለባቸው ፖሊሲዎችና ሕጎች በድርጅቱ የመገናኛ ብዙሃን መገልገያዎች በወቅቱ መተላለፋቸውን ይከታተላል።
- ፫) ሕዝቡ ድርጅቱ ከሚሰጣቸው አገልግሎቶች የቱን ያህል ተጠቃሚ እንደሆነ ይገመግማል፤ በበለጠ ተጠቃሚ የሚሆንበትን ሁኔታ በማጥናት ለተግባራዊነታቸው መመሪያዎችን ያወጣል፤ አስፈላጊ የሆኑ አቅጣጫዎችንም ያስቀምጣል።
- ፬) ድርጅቱ በዚህ አዋጅ ላይ በመመስረት የሚያከናውናቸውን ሥራዎች በሚመለከት ከህዝቡ ለሚቀርቡ ቅሬታዎች አስፈላጊው ማብራሪያ እንዲሰጥ ያደርጋል፤ እንደየ አስፈላጊነቱም የቀረቡትን ቅሬታዎች በመገምገም የበኩሉን ውሳኔ ይሰጣል።
- ፭) ድርጅቱ በብሔር እና ብሔረሰቦች፣ በጾታ፣ በኃይማኖትና በፖለቲካ አመለካከት መካከል ልዩነት ሳይፈጥር ለሁሉም ዜጎች ሚዛናዊ የሆነ መረጃ መስጠቱን ይቆጣጠራል።
- ፮) የክልሉን የመገናኛ ብዙሃን የዜናዎች፣ ፕሮግራሞች፣ ጽሑፎችና ሌሎች ዘገባዎችን አጠቃላይ ይዘት ይገመግማል፤ በሚሻሻሉባቸው ሁኔታዎች ላይም መመሪያ ይሰጣል።
- ፯) የድርጅቱን ጋዜጠኞች፣ የቴክኒክ ባለሙያዎች፣ ድጋፍ ሰጪ ሰራተኞችን የቅጥር፣ የደመወዝ ደረጃና ጥቅማ ጥቅሞችን አስመልክቶ ውሳኔ ይሰጣል፤ አፈፃፀምንና የተዘጋጀውን የሰራተኞች አስተዳደር ማኑዋል ያፀድቃል፤ ተግባራዊ እንዲሆን ያደርጋል።

4) The General Manager of the organization shall be member and secretary of the Board.

11. Power and Duties of the Board

The Board shall have the following power and duties.

- 1) Assures that the organization applies policies, laws, regulations and directives of mass-media.
- 2) Monitors policies and laws issued by the government that should be understood by the public are dispatched by instruments of mass-media of the organization timely.
- 3) Evaluates how much the public benefits from the service the organization provides; studies the situation under which the public benefit better from the service and issues directives for implementation; puts the desirable directions in place.
- 4) Make that the organization shall have statements on public grievance concerning its performance based on this proclamation; examines the grievances as deemed necessary and provides its decision.
- 5) Monitors that the organization provides balanced information to all nationals without discrimination on the basis of nation and nationality, sex, religion and political outlook.
- 6) Evaluates the general content of news, programs, publications and other reports transmitted through mass-media instruments of the region; provides directive on how to improve their performance.
- 7) Issues decision concerning employment, amount of salary and benefits of journalists, technical professionals and supportive staff; approves performance manual for the administration of staff; make them to be implemented.

- 8) Qajeelfamootaafi maanuwaaliin bulchiinsa faayinaansii fi meeshaalee dhaabbatichaa qophaa'ee akka dhiyaatuuf gochuudhaan ni mirkaneessa; hojii irra akka oolu ni ajaja.
- 9) Caasaa dhaabbatichaa gamaaggamee ni mirkaneessa; akka hojii irra oolus qajeelfama ni kenna.
- 10) Baajata kaappitaalaafi idilee, karooraa yeroo gabaabaa, giddu galeessaafi dheeraa qoratee qopheessuudhaan Caffee ni dhiyeessa; yoo mirkanaa'us raawwii isaas ni hordofa.
- 11) Dhaabbaticha baajata Mootummaafi galii keessaa irra ramadameef sirriitti hojii irra oolchuu isaa ni to'ata; ni hordofa.
- 12) Dhaabbatichi bifa itti cimuu danda'uu fi hojimaata isaa haala itti foyya'uu danda'us ni mijjeessa.
- 13) Hojii geggeessaan dhaabbatichaa, I/Aanaa hojii gaggeessaa isaa yoo dhiyeessu ni muuda; filannoofi ramaddii qaamolee hojii geggeessitoota ol'aanaa ni murteessa.
- 14) Dhimmoota imaammata dhaabbatichaa ilaallatan kan biroo irratti marii ni geggeessa; ni murteessa.
- 15) Sochiilee dhaabbatichaa ilaalchisee Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif gabaasa ni dhiyeessa.

Sirna Walga'ii Boordii

- 1) Boordichi yoo xinnaate ji'atti al tokko walga'ii idilee ni geggeessa.
- 2) Keewwata kana, keewwata xiqqaa l jalatti kan tumame yoo jiraateyyuu dhimmi ariifachiisaa yoo qunname, walitti qabaa Boordiitiin ykn miseensota Boordii harka sadii keessaa tokko yoo gaafatan yeroo kamiyyuu walga'ii gaggeessuun ni danda'ama.
- 3) Walga'ii irratti miseensota keessaa walakkaa ol argamnaa walga'iin guutuu ta'a.
- 4) Murtiin boordii kamiyyuu sagalee caalmaan kan darbu yommuu ta'u, sagaleen walqixa yoo ta'e yaanni walitti qabaan deeggarama murtii Boordichaa ta'a.

- ፩) የድርጅቱ የፋይናንስና የንብረት አስተዳደር መመሪያዎችና ማኅ-ዋሎች ተዘጋጅተው እንዲቀርቡለት በማድረግ ያፀድቃል፤ ተግባራዊ እንዲሆኑም ትዕዛዝ ይሰጣል።
- ፪) የድርጅቱን መዋቅር ገምግሞ ያፀድቃል፤ ተግባራዊ እንዲሆንም ትዕዛዝ ይሰጣል።
- ፫) የካፒታልና መደበኛ በጀትን፣ የአጭር ጊዜ፣ የመካከለኛና የረጅም ጊዜ እቅድ አጥንቶ በማዘጋጀት ለጨፌ ያቀርባል፤ አፈፃፀሙንም ይከታተላል።
- ፬) ድርጅቱ ከመንግሥትና ከውስጥ ገቢው ላይ የተመደበለትን በጀት በትክክል ሥራ ላይ ማዋሉን ይቆጣጠራል ይከታተላል።
- ፭) ድርጅቱ የሚጠናከርበትን አሠራሩ ሊሻሻል የሚችልበትን ሁኔታ ያመቻቻል።
- ፮) የድርጅቱ ዋና ሥራ አስኪያጅ ምክትል ሥራ አስኪያጁን በዕጩነት ሲያቀርብ ይሾማል፤ የከፍተኛ ሥራ አመራሮችን አመራረጥና ምደባ ይወስናል።
- ፯) የድርጅቱን ፖሊሲ የሚመለከቱ ሌሎች ጉዳዮች ላይ ይወያያል፤ ይወስናል።
- ፲፭) የድርጅቱን እንቅስቃሴዎች አስመልክቶ ለኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ጨፌ ሪፖርት ያቀርባል።

፲፪. የቦርዱ የስብሰባ ሥነ-ሥርዓት

- ፩) ቦርዱ ቢያንስ በወር አንዴ መደበኛ ስብሰባውን ያካሂዳል።
- ፪) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩ ስር የተጠቀሰው ቢኖርም አስቸኳይ ሁኔታ ሲያጋጥም የቦርዱ ሰብሳቢ ወይም ከቦርድ አባላት መካከል አንድ ሦስተኛ ችው ሲጠይቁ በማንኛውም ጊዜ ስብሰባ ማካሄድ ይቻላል።
- ፫) ከአባላት መካከል ከግማሽ በላይ በስብሰባው ላይ ከተገኙ ምልዓተ ጉባዔው ምሉዕ ይሆናል።
- ፬) ማንኛውም የቦርዱ ውሳኔ በድምፅ ብልጫ የሚተላለፍ ሲሆን የተሰጠው ድምፅ እኩል በሚሆንበት ጊዜ በሰብሳቢው የተደገፈው ሃሳብ የቦርዱ ውሳኔ ይሆናል።

- 8) Make to be prepared and presented to it directives and manuals of financial and property administration for approval; orders for its implementation.
- 9) Evaluates and approves structure of the organization; issues directives for its implementation.
- 10) Studies and organizes capital and regular budget, short term, medium and long term plan and presents to the 'Caffee'; when approved shall monitor its implementation.
- 11) Inspects and controls that the organization appropriately utilizes budget allocated for it by the government and from internal income.
- 12) Facilitates condition on strengthening of the organization and improvement of its performance.
- 13) Appoints the Deputy General Manager when the General Manager presents; decides on the nomination and assignment of higher managers.
- 14) Conducts discussion on other policy issues of the organization and approves it.
- 15) Presents report to the 'Caffee' of Regional State of Oromia on the activities of the organization.

12. Meeting Procedures of the Board

- 1) The Board shall conduct regular meeting at least once a month.
- 2) Notwithstanding the provision of sub-article 1 of this article, the Board can hold meeting any time when urgent issues arise and request is made by the chairperson or by one third of members of the Board.
- 3) The quorum shall be met when more than half of the members are present.
- 4) Decision of the Board shall be passed by majority vote; in case of tie vote the opinion of the chairperson shall determine the decision.

5) Boordiin sirna walgalii fi hojii maata isaa ilaalchisee Qajeelfama baasuu ni danda'a.

፩) ቦርዱ የሰብሰባ ሥነ-ሥርዓቱንና አሠራሮቹን አስመልክቶ መመሪያ ማውጣት ይችላል።

5) The Board may issue directives on the meeting and its work procedures.

13. Aangoofi Hojii, Hojii Geggeessaa Ol'aanaa

፲፫. የዋና ሥራ አስኪያጅ ስልጣንና ተግባር

13. Power and Duties of the General Manager

1) Hojii Geggeessaa Ol'aanaa seeraafi qajeelfama jiru irratti hundaa'uudhaan dhaabbaticha ni qajeelcha; ni bulcha.

፩) ዋና ሥራ አስኪያጁ ባለው ሕግና መመሪያ ላይ በመመስረት ድርጅቱን ይመራል፤ ያስተዳድራል።

1) Based on the existing rules and directives the General Manager manages and administers the organization.

2) Labsii kana Keewwata 8 jalatti Aangoofi hojii Dhaabbatichaaf kenname hojii irra ni oolcha.

፪) በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፰ ስር ለድርጅቱ የተሰጡትን ስልጣንና ተግባራት ተግባራዊ ያደርጋል።

2) Implements powers and duties provided to the organization under article 8 of this proclamation.

3) Hojiiwwan idilee Dhaabbatichaa olaantummaan ni qajeelcha; ni to'ata.

፫) የድርጅቱን መደበኛ ሥራዎች በበላይነት ይመራል ይቆጣጠራል።

3) Guides and controls regular activities of the organization superiorly.

4) Waajjira Dhaabbatichaa ni gurmeessa.

፬) የድርጅቱን ጽ/ቤት ያደራጃል።

4) Organizes the office of the organization.

5) I/Aanaa hojii geggeessaa dhaabbatichaa Boordiif dhiyeessee ni muchisiisa.

፭) የድርጅቱን ምክትል ሥራ አስኪያጅ ለቦርድ በማቅረብ ያሾማል።

5) Presents the Deputy Manger of the organization to the Board for appointment.

6) Gaazexeessitoota, ogeessota teeknikaafi hojjettoota deeggersaa ni qacara; ni bulcha; Seera jiruunis hojiirraa ni gaggeessa.

፮) ጋዜጠኞችን፣ የቴክኒክ ባለሙያዎችንና ድጋፍ ሰጪ ሰራተኞችን ይቀጥራል፤ ያስተዳድራል፤ ባለው ሕግ ላይ ተመርኩዞም ያሰናብታል።

6) Employs and administers journalists, technical professionals and supportive staff; severs their relation with the organization based on the existing rules.

7) Wixinee baajataafi karoora yeroo gabaabaa, giddugaleessaafi dheeraa qopheessee Boordiif dhiyeessuudhaan yoo hayyamameefis hojiirra ni oolcha.

፯) የበጀት፣ የአጭር፣ የመካከለኛና የረጅም ጊዜ አቅድ ረቂቅ አዘጋጅቶ ለቦርድ በማቅረብ በሚፈቀድለት ጊዜም ተግባራዊ ያደርጋል።

7) Prepares budget draft, short term, medium and long term plan and presents to the Board and implements when approved.

8) Baajataafi karoora hojii Dhaabbatichaaf eeyamame irratti hundaa'uudhaan maallaqa baasii ni taasisa.

፰) ለድርጅቱ በተፈቀዱት በጀትና የሥራ አቅድ ላይ ተመስርቶ ገንዘብ ወጪ ያደርጋል።

8) Withdraws money based on the allocated budget and action plan approved for the organization.

9) Dhaabbaticha bakka bu'uudhaan qaama sadaffaa wajjin qunnamtii hojii ni taasisa.

፱) ድርጅቱን በመወከል ከሦስተኛ ወገን ጋር የሥራ ግንኙነት ያደርጋል።

9) Communicates with a third party by representing the organization.

10) Sochii hojiiwwan dhaabbatichaa ilaalchisee gabaasa yeroo yeroon Boordiifi Pireezdaantii Bul. M. N. O. tiif ni dhiyeessa.

፲) የድርጅቱን የሥራ አንቅስቃሴዎች በሚመለከት ለቦርድና ለኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት መስተዳድር ፕሬዝዳንት በየጊዜው ሪፖርት ያቀርባል።

10) Presents reports on activities of the organization periodically to the Board and President of the National Regional Government of Oromia.

11) Hoji geggeessaan dhaabbatichaa adeemsa hojii ariifachiisuuf jecha akka barbaachisaa ta'etti ga'ee hojii isaarraa qoodee itti gaafatamtoota kutaalee isa jala jiraniif kennuu ni danda'a.

፲፩) የድርጅቱ ሥራ አስኪያጅ የሰራውን ሂደት ለማቀላጠፍ ሲባል አንደኛው ለሚገኙ የየክፍል ላይ ከፍሎ በስሩ ለሚገኙ የየክፍል ጋላፊዎች መስጠት ይችላል።

11) The manager of the organization may provide part of share of his/her work to sections accountable to him/her in order to speed up process of work performance.

12) Hojiiwwan kan biroo Boordiin kennameef ni raawwata.

፲፪) በቦርዱ የሚሰጡትን ሌሎች ተግባራት ይፈጽማል።

12) Accomplishes other works provided by the Board.

14. Waa'ee I/Aanaa Hojii Geggeessaa

- 1) Ittiwaamamni I/Aanaa hojii gaggeessaa, Hoji Gaggeessaa Ol'aanaa Dhaabbatichaaf ta'ee qajeelfama kennamuufiin hojiilee damee isaaf ramadaman ni qajeelcha; ni qindeessa; akkasumas hojiiwwan kan biroo hojii gaggeessaatiin kennamuuf ni raawwata.
- 2) Yeroo hojii geggeessaan ol'aanaa hin jirre bakka bu'ee Dhaabbaticha ni geggeessa.

Kutaa Afur

Tumalee Adda Addaa

15. Burqaa fi Bulchiinsa Galii Dhaabbatichaa

- 1) Galiin Dhaabbatichaa burqaalee armaan gadii irraa kan argamu ta'a.
 - (a) Baajata Mootummaan ramdamu;
 - (b) Akkaataa labsii kanaan kaffaltii tajaajila Dhaabbatichi kennu irraa;
 - (c) Madda galii adda addaa irraa.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1(a) hanga (c) jalatti galiwwan argaman lakkoofsa Baankii maqaa Dhaabbatichaan banamu keessa taa'ee hojii Dhaabbatichaa ittiin geggeessuuf yeroo yeroon baasii ta'a.
- 3) Itti fayyadamaafi Bulchiinsi qabeenyaa, galiin Dhaabbatichaa qajeelfamaafi maanuwaalii Bulchiinsa maallaqaafi qabeenyaa irratti hundaa'ee kan raawwatamu ta'a.

16. Galmee Herregaa

- 1) Dhaabbatichi galmee herregaafi harshamnee sirriifi guutuu ta'e ni qabaata.
- 2) Herregni Dhaabbaticha odiitara olaanaa Naannootiin ykn kan isaan bakka bu'een ni qoratama.

፲፱. ስለ ምክትል ስራ አስኪያጅ

- ፩) ምክትል ሥራ አስኪያጁ ተጠሪነት ለድርጅቱ ዋና ሥራ አስኪያጅ ሆኖ በሚሰጠው መመሪያ መሠረት የሚሰጡትን የዘርፍ ተግባራት ይመራል፤ የስተባብራል፣ የቀናጃል፣ እንዲሁም በስራ አስኪያጁ የሚሰጡትን ሌሎች ተግባራት ይፈጽማል።
- ፪) ዋና ሥራ አስኪያጁ በሌለበት ጊዜ ዋና ስራ አስኪያጁን ወክሎ ድርጅቱን ይመራል።

ክፍል አራት

ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች

፲፭. የድርጅቱ የገቢ ምንጭና አስተዳደር

- ፩) የድርጅቱ ገቢ ከሚከተሉት ምንጮች የሚገኝ ይሆናል።
 - (ሀ) በመንግሥት የሚመደብ በጀት
 - (ለ) በዚህ አዋጅ መሠረት ድርጅቱ ከሚሰጣቸው አገልግሎቶች የሚገኝ ገቢ
 - (ሐ) ከልዩ ልዩ የገቢ ምንጮች።
- ፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩(ሀ) እስከ (ሐ) ባሉት መሠረት የሚገኙ ገቢዎች በድርጅቱ ስም በሚከፈሉት የባንክ ሂሳብ ውስጥ ተቀማጭ ሆኖ ለድርጅቱ ሥራ ማስኬጃ በየጊዜው ወጪ ይደረጋል።
- ፫) የንብረት አጠቃቀምና አስተዳደር፣ የድርጅቱ ገቢ በፋይናንስና ንብረት አስተዳደር መመሪያና ማኑዋል ላይ በመመስረት የሚፈጸም ይሆናል።

፲፮. የሂሳብ መዝገብ

- ፩) ድርጅቱ ትክክለኛና የተሟላ የሂሳብ መዝገብና ሰነድ ይኖራታል።
- ፪) የድርጅቱ ሂሳብ በክልሉ ዋና ኦዲተር መ/ቤት ወይም እሱ በወከለው ተወካይ ይመረመራል።

14. Deputy Manager

- 1) The Deputy Manger being accountable to the General Manager of the organization manages and organizes assignments referred to the section in accordance with directives given to him/her; also, performs other activities provided by the General Manager.
- 2) Represents the General Manager in his/her absence to manage the organization.

Part Four

Miscellaneous Provisions

15. Source and Administration of Income of the organization

- 1) Sources of income of the organization are the following:
 - (a) Budget allocated by the government;
 - (b) Payment made for the service of the organization in accordance with this proclamation;
 - (c) Income from different sources.
- 2) Income acquired in accordance with this article sub article 1(a) up to (c) shall be kept in the bank account to be opened in the name of the organization and shall be withdrawn from time to time to conduct activities of the organization.
- 3) Utilization and administration of property, income of the organization, shall be undertaken in accordance with directives and manual of financial and property administration.

16. Book of Account

- 1) The organization shall have book of account and full and correctly posted document.
- 2) Account of the organization shall be audited by senior Auditor General of the region or by a proxy.

17. Aangoo Dambiifi Qajeelfama Baasuu

Boordichi Labsii kanaafi Dambii Caffeedhaan behu raawwachiisuuf qajeelfama baasuu ni danda'a.

18. Labsichi Yeroo Itti Ragga'u

Labsiin kun Adoolessa 4 bara 1998 irraa eegalee hojii irra kan oolu ta'a.

Finfinnee,

Adoolessa 4 bara 1998

**Abbaaduulaa Gammadaa
Pirezidaantii Bulchinsa Mootummaa
Naannoo Oromiyaa**

፲፯. ደንብና መመሪያ የማውጣት ስልጣን

ቦርዱ ይህንን አዋጅና በጨፌ የሚወጣውን ደንብ ለማስፈጸም መመሪያ ማውጣት ይችላል።

፲፰. አዋጁ የሚፀናበት ጊዜ

ይህ አዋጅ ከሐምሌ ፬ ቀን ፲፱፻፺፰ ዓ.ም ጀምሮ የፀና ይሆናል።

ፊንፊኔ

ሐምሌ ፬ ቀን ፲፱፻፺፰ ዓ.ም

**አባዱላ ገመዳ
የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ
መንግሥት መስተዳድር ፕሬዝዳንት**

17. Power to Issue Regulation and Directives

The board may issue directives in order to implement this proclamation and Regulation provided by the 'Caffee'.

18. Effective Date of the Proclamation

This proclamation shall come to force as of the 11th day of July, 2006.

Finfinne,

11th day of July, 2006

**Abadula Gameda
President of National Regional
Government of Oromia**